Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii
Oromia Regional Government Urban Development & Housing Bureau
Finfinnee /Addis Ababa/

በኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት መስተዳደር የከተማ ልማትና ቤቶች ቢሮ ፊንፊኔ /አዲስ አበባ/

Lakk B·6/1338/66
ቁጥር
Guyyaa 13/12/16
ቀን

Bulchiinsa Godinaalee 21tiif
Bulchiinsa Magaalotaa 23 tiif
B/I

Dhimmi ; Qajeelfama Ragga'e isinii erguu ilaala.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa rakkoo mana jireenyaa jiru hundee irraa hiikuuf Seerota rakkoo kana hiikan baasuun hojjechaa turuun isaa ni yaadatama.

Akka Biyyaatti Labsii Bulchiinsaa fi to'annoo Kiraa Manneen jireenyaa lakkoofsa 1320/2016 mirkaneessuun qaamni waliigaltee kiraa mana jireenyaa fi gatii kiraa akka to'atuuf aangoon kennameef qajeelfama baasuun hojii irra akka oolu taasisuu akka danda'u labsicha keewwata 29 (2 ) irratti tumamee jira.

Biiroon Qajeelfama Bulchiinsaa fi To'annoo kiraa Mana Jireenyaa Magaalota Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 31/2016 baasuun hojiirra ooluuf akka gadi buusee jira.

Kanaafuu,hubannoof akka toluuf Qajeelfamicha fuula 17 (kudha torba) fi unkaalee hojichaaf barbaachisan fuula 4( afur) Waliigala fuula 21 ( Digdamii tokko ) Xalayaa gggeessituu kanaan walqabsiifnee gara keessanitti waan ergineef haala Qajeelfamicha keessatti ibsameen, Godinaaleen,Magaalotaa isiniif itti waamamanii fi Aanaalee Godina keessan jala jiran qaqqabsiisuun of eegganno cimaan hojii irra akka oolchan akka taasiftan isin hubachiisaa, Magaalotnis bu'uuruma qajeelfamicha keessatti ibsamee jiruun hojiirra akka oolchitan isin beeksisaa, Qaamoleen Xalayaan kun galagalchaan isin qaqqabe kana hubachuun hojii irra oolmaa qajeelfamichaaf tumsa barbaachisaa ta'e akka taasiftan kabajaan isin gaafanna.

Nagaa wajjin!

Muhammad Guyyee Araarsoo
Hogganaa Biiroo Misoomaa
Magaalaa fi Manneenii
Oromiyaa

G/G
- Waajjira Caffee Oromiyaa tiif
- Waajjira Pirezidaantii Bul/Mot/Naannoo Oromiyaa tiif
- Waajjira Kilaastera Misooma Magaalaa tiif
- Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa tiif

Finfinnee
- Hogganaa Biiroo tiif
- It/A/Hog/fi It/Gaaf/Dameelee 3'nii tiif
- Daayirektoreetii Dhimmoota Tajaajila Seeraa tiif

BMMMO



CamScanner

Qajeelfama Lakk.31/2016

## Qajeelfama To'annoofi Bulchiinsa Kiraa Mana Jireenyaa Magaalota Naannoo Oromiyaa

Magaalota keessatti gatiin kiraa mana jireenyaa yeroodhaa yerootti dabalaa deemuu irraa kan ka'e jireenyaa hawaasaa irratti dhiibbaa guddaa uumaa waan jiruuf hojimaata diriirsuun barbaachisaa ta'ee argameera;

Mootummaan rakkoo dhiyeessii mana jireenyaa hiikuuf tattaaffii taasisaa jiru biratti gatii kiraa mana jireenyaa daran dabalaa jiru humna hawaasaan kan walmadaalu akka ta'uu sirna to'annoofi hordoffii diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Kiraa mana jireenyaa karaa iftoomina, ittigaafatamummaa, faayidaafi madaallii mirgoota bu'uuraa kireessaafi kireeffataa eegeen keessummeessuu kan dandeessisu hojimaata diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Bu'uura Labsii To'annoofi Bulchiinsa Kiraa Mana Jireenyaa Lakk.1320/2016 Keewwata 29(2)tiin Biiroon qajeelfama kana baaseera.

## Kutaa Tokko

### Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Qajeelfamni kun "Qajeelfama To'annoofi Bulchiinsa Kiraa Mana Jireenyaa Magaalota Naannoo Oromiyaa Lakk 31/2016" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, qajeelfama kana keessatti:

   1) **"Biiroo"** Jechuun Biiroo Misooma Magaalaafi Manneenii Oromiyaati.
   2) **"Bulchiinsa Magaalaa"** jechuun magaalaa qaamni seerummaa kennameef ta'ee, Mana Maree mataa isaa, Mana Maree Bulchiinsaafi qaama aangoo abbaa seerummaa kan qabu ta'ee, Magaalota sadarkaa Meetroopoolis, Riijiyoopoolis, Muummee, Ol'aanaa, Giddugaleessaafi Guddattuutti hundeeffameedha.



Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa
Mana Gulmee
Oromia Urban Development and Housing Bureau

CamScanner

3) **"Mana"**jechuun Mana jireenyaa tajaajila kiraaf akka ooluuf ijaaraman jechuudha.
4) **"Mana Tajaajila jireenyaatiif Kireeffamu"** jechuun manneen mootummaa, manneen dhuunfaafi dhaabbilee dhuunfaan ijaaramanii tajaajila mana jireenyaa kennaan jechuudha.
5) **"Magaalaa"**jechuun Magaalaa qaamni seerummaa magaalummaa kennameef jechuu dha.
6) **"Jajjabeessituu Kireessaaf Kennamu"** jechuun kireessaan mana haaraa ijaareefi mana duraan ture kan kireeffamee hinbeekne kiraadhaaf yoo dhiyeesse jajjabeessituu kennamuufiidha.
7) **"Kiraa Mana Jireenyaa"**jechuun Mana tajaajila jireenyaatiif kireeffataan bu'uura waliigalteetiin kireeffatee ji'a ji'aan kireessaaf kaffaltii raawwatuudha.
8) **"Kireessaa"** jechuun abbaa qabiyyee yookiin qabeenyummaan manaa kan isaa ta'ee kireeffataaf bu'uura waliigalteen kan kireessuudha.
9) **"Kireeffataa"** jechuun Nama bu'uura waliigalteen mana jireenyaa kiraadhaan fudhatee gatii kiraa ji'a ji'aan kireessaaf kaffalu jechuudha.
10) **"Kiraa Mana Jireenyaa Haarawa Ijaarame"** jechuun Hayyama ijaarsa qaama dhimmi ilaalu irraa baafachuun mana haarawa ijaarame yeroo jalqabaaf kiraaf dhiyaatedha.
11) **"Koree Taksii Forsii"** jechuun koree Labsii fi qajeelfama To'annoof bulchiinsaa kiraa mana jireenyaa hojiitti hiikuuf koree sadarka sadarkan hundeeffameedha.
12) **"Mana Kireeffamee hinbeekne"** jechuun mana ijaarsi isaa xumuramee tajaajila biraatiif oolaa turee yeroo jalqabaatiif kiraaf mana dhiyaate jechuudha.
13) **"Mana jireenyaa Tajaajila malee ture"** jechuun Mana ijaarsi isaa guutummaa guututti xumuramee tajaajila kennaa hinturre yookiin kireeffamaa turee giddu keessatti tajaajila malee kan taa'e jechuudha.
14) **"Kaffaltii tajaajilaa"** jechuun bu'uura waliigalteen kiraa mana jireenyaatiin kaffaltii bishaanii, ibsaa, bilbila, qulqullinaa fi kan biroo jechuudha.
15) **"Unkaa"** jechuun duuka deemtuu qajeelfama kana waliin qophaa'ee dhimmoota kiraa mana jireenyaa akka irratti guutamaniif tajaajilu jechuudha.
16) **"Labsii"**jechuun Labsii To'annoofi Bulchiinsa Kiraa Manaa Jireenyaa Lakk.1320/2016dha
17) **"Nama"**jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameefiidha.



Biiroo Misoomaa Magaalaa fi Manneen Oromiyaa
Mana Galmee
Oromia Urban Development and Housing Bureau

18) **"Qaama To'ataa"** jechuun Biiroo Misooma Magaalaafi Manneenii Oromiyaa fi caasaa isaa sadarkaan jiru ta'ee waliigaltee kiraa mana jireenyaafi gatii kiraa manaa kan to'atu jechuudha.

19) **"Waliigaltee Kiraa Mana Jireenyaa"** jechuun waliigaltee kiraa mana jireenyaa kireessaa fi kireeffataa giddutti raawwatamee mirkanaa'ee fi galmaa'e jechuudha.

20) **"Waajjira"** jechuun Waajjira Misooma Magaalaafi Manneenii, Waajjira Misooma Bulchiinsa fi Dabarsa Manneenii, Waajjira Mana Qopheessaa, Kutaa Magaalaa, Aanaa fi Gandaa jechuudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Qajeelfama kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

1) Qajeelfamni kun Manneen Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti argaman hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.
2) Keewwata kana xiqqaa 1 jalatti kan ibsame jiraatus qajeelfamni kun mana daldalaa, Hooteloota, Mana ciisichaa, Riizortii fi kan biroo bu'uura hayyama daldalaatiin manneen kireeffaman irratti raawwatiinsa hinqabaatu.

## Kutaa Lama

### Qabiyyee Waliigaltee Kiraa Mana Jireenyaa, Galmee fi Mirkaneessuu

**5. Qabiyyee Waliigaltee Kiraa Mana Jireenyaa**

Waliigaltee kiraa mana jireenyaa qabiyyeewwan armaan gadii ni qabaata.

1) Maqaafi teessoo kireessaafi kireeffataa;
2) Teessoo mana kireeffamuu;
3) Gosaafi bal'ina mana jireenyaa;
4) Yeroo waliigaltee kiraa;
5) Gatii kiraa mana jireenyaa;
6) Kaffaltii duraa;
7) Dirqamoota kireessaafi kireeffataa;
8) Haaromsa waliigaltee;
9) Kaffaltii tajaajilaa fi kanneen biroo akkaataa barbaachisummaa isaatti kan dabalaman ta'a.

## 6. Sanadoota Yeroo Galmee Dhiyaachuu Qaban

Kireessaafi Kireeffataan galmeef yeroo dhiyaatan:

1) Sanada waliigaltee kiraa mana jireenyaa;
2) Kireessaafi kireeffataan waraqaa eenyummaa jiraataa, waraqaa eenyummaa mana hojii, hayyama konkolaachisummaa, paasportii, hayyama abukaatummaa, waraqaa eenyummaa sooramaa, waraqaa eenyummaa barataa Yuunivarsitii yookiin koleejjii kan haaromfame, hayyama hojii ogummaa, waraqaa eenyummaa biyyaalessaa kanneen keessaa tokko kan dhiyeeffate;
3) Waliigaltee bakka bu'aan kan galmeessisu yoo ta'e, bakka bu'ummaa seera qabeessaafi waraqaa eenyummaa maalummaa bakka bu'aa ibsuufi waraqaa eenyummaa ragootaa kan haarome;
4) Kireessaan mana jireenyaa kireessuuf mirga qabaachuu isaa sanada agarsiisu;
   (a) Kaartaa abbaa qabeenyummaa;
   (b) Qabiyyee sanadaa kan hinqabne yoo ta'e, qaama dhimmi ilaalu irraa ragaa dhiyeessuu;
   (c) Mana murtiin gurguramuu qabeenyichaa sanada raawwii dhiyeessuu;
   (d) Manni kireeffamu dhaalaan argamee jijjiirraan maqaa kan hinraawwanne yoo ta'e ragaa dhaaltummaan ittiin mirkanaa'e dhiyaatu qaba.

## 7. Sanada Mirkaneessuu

Kireessaafi kireeffataan waliigaltee galmeessisuuf yeroo dhiyaatan ogeessi dhugummaa sandoota armaan gadii mirkaneeffachuu qaba

1) Sababni waliigaltee kufaa taasisu kan hinjirre ta'uu;
2) Waliigalteen dhiyaate qajeelfamni kun bahuun dura yoo ta'e, barri waliigaltee isaa kan hinxumuramne kireessaa, kireeffataa fi ragoonni kan mallatteessan ta'uu;
3) Waliigalteen dhiyaate labsii fi qajeelfama kan hinfaallesssine ta'uu;
4) Waliigaltee kiraa mana jireenyaa haaraa yoo ta'e kireessaa, kireeffataa fi ragoonni kan mallatteessan ta'uu;
5) Manni kireeffamu daangaa aanichaa yookiin kutaa magaalichaa yookiin gandichaa keessatti argamu ta'uu;
6) Bu'uura Qajeelfama kana keewwata 6tiin sanadoonni dhiyaatan guutuu ta'uu;
7) Sanadoota orijiinaalii fi koppiin isaanii kan dhiyaate ta'uu mirkaneeffachuu qaba.



Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa
Mana Galmee
Oromia Urban Development and Housing Bureau
CamScanner

8. **Sanadoota Waliigaltee Kiraa Mana Jireenyaa Mirkaneessuu fi Galmeessuu**

1) Ogeessi galmeessa ragaa waliigaltee haaraa kiraa mana jireenyaa mirkaneeffachuufi galmeessuuf:-
   1. Waliigalteen raawwatame hayyama Kireessaa fi kireeffataan ta'uu mallattoo fi maqaa akka barreessan ni taasisa.
   2. Maqaa dhaabbataan yookiin bakka bu'iinsaan kan mallatteessan yoo ta'e bakka bu'aa jedhanii mallattoo fi maqaa akka barreessan ni taasisa.
   3. Kireessaafi kireeffataa keessaa namni qaama miidhamaa ta'e yoo jiraate qaama isa deeggaru dhiyeeffachuun galmee akka raawwatu ni taasisa.
   4. Ragaa waraqaa eenyummaa koppii fi orijinaalli walsimuu isaa;
      (a) Maqaa fi guyyaa barreessuun ni mallatteessa;
      (b) Sanadootaaf lakkoofsa ni kenna;
      (c) Haftee sanada irratti maqaa fi teessoon isaanii ibsame "waraqaa eenyummaa, tarreeffama sanadootan walqabsiisuun fuuldura kootti dhiyaatanii mallatteessaniiru" jedhe ni barreessa.
2) Ogeessi galmeessa ragaa haalota itti aanan raawwachuun waliigaltee kiraa mana jireenyaa duraan ni galmeessa;
   1. Koppii sanadootaa kan jalqabaa wajjin walfakkaataa ta'uu;
      (a) Maqaa fi guyyaa barreessuun ni mallatteessa.
      (b) Sanadootaaf lakkoofsa ni kenna.
   2. Waliigalteen kiraa mana jireenyaa labsiin ragga'uun dura kan raawwatame yoo ta'e, "waliigalteen hayyama isaaniitiin ta'uu dhiyaatanii mirkaneessaniiru" jedhe ni barreessa
   3. Kireessaafi kireeffataa keessaa namni qaama miidhamaa ta'e yoo jiraate qaama isa deeggaru dhiyeeffachuun galmee akka raawwatu ni taasisa.
3) Waliigalteedhaaf lakkoofsa kennuun galmee waliigaltee irratti ni galmeessa.

9. **Bara Waliigaltee Kiraa Mana Jireenya**

Waliigalteen labsiin kun bahuun dura barreeffaman yookiin afaaniin kireessaa fi kireeffataa giddutti taasifame:

1) Waliigalteen kiraa mana jireenyaa waggaa lama gadi ta'uu hindanda'u.
2) Labsiin bahuun dura waliigalteen kiraa mana jireenyaa barreeffamaan raawwatame yeroon turtii kan waliigaltee irratti ibsame ta'a.



CamScanner

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumame akkuma eeggametti ta'ee, waliigalteen labsiin bahuun dura barreeffaman raawwatamee turtiin waggaa waliigaltee irratti yoo hin ibsamne bifa haaraa galmaa'u qaba.

4) Barri waliigaltee kiraa mana jireenyaa osoo hin xumuramiin kireessan kireeffataa man keessaa baasuu hindanda'u.

10. Gatii Kiraa Mana Jireenyaa

1) Gatiin kiraa mana jireenyaa Labsiin bahuun dura kireessaa fi kireeffataan irratti waliigaluun kaffalamaa ture hanga daballiin gatii taasifamitti kan itti fufu ta'a.

2) Waliigalteen kiraa mana haarawa yookiin kan ture yeroo haaromfamu gatiin ka'umsa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin kan raawwatu ta'a.

11. Haaromsa Waliigaltee Kiraa Mana Jireenyaa

1) Waliigalteen kiraa mana jireenyaa yeroon waliigalteen xumuramu, daballiin kiraa manaa fooyya'ee guyyaa 30 keessatti galmaa'u qaba.

2) Ogeessi waliigaltee irratti gatiin kiraa manaa ibsame bu'uura daballii kiraa mana jireenyaa hayyamuun kan dabalame ta'uu ni mirkaneessa.

3) Qabiyyeen fooyya'iinsa waliigaltee dhiyaatee Keewwata Kana Keewwata Xiqqaa 2tiin daballiin kiraa mana taasifame, dabalatan fooyya'iinsi biroo seeraan kan hayyamame yoo ta'e ogeessa galmeessa ragaa mirkaneessuu qaba.

4) Ragooleen dhiyaatan waliigaltee duraan mallatteessan irra adda yoo ta'an koppii waraqaa eenyummaa isaanii akka qabsisan ni taasifama.

5) Haaromsi waliigaltee dhiyaate sirrii ta'uu erga mirkanaa'e booda kireessaa, kireeffataafi ragoonni ogeessa galmeessaa ragaa biratti akka mallatteessan ni ta'a.

6) Ogeessi galmeessa waliigaltee Qajeelfama kana Keewwata 8(1) (4), Keewwata xiqqaa 2 fi 3tiin tumameen raawwachuun sanadoota ogeessa qaama ilaallatu ni dabarsa.

7) Waliigaltee fooyya'eefi sanadoota chaappaan irratti godhameef lakkoofsa galmee haadhoo ni kennama, kireessaafi kireeffataaf koppiin tokko tokkoon akka qaqqabu ni taasifama; hafteen galmee waliin walqabatee ni taa'a.

12. Haaldureewwan Waliigalteen Kiraa Mana Jireenyaa Ittiin Adda Citu

1) Waliigalteen kiraa mana jireenyaa waggaa lama osoo hin guutiin kan addaan citu kireessaa fi kireeffataan yoo waliigalan;

2) Kireeffatan waliigaltee kiraa mana jireenyaa addaan kutuu yoo barbaade ji'a lama dursee kireessaa barreeffaman beeksisuu qaba.



Oromia Urban Development and Housing Bureau
CamScanner

3) Abbaan qabeenyummaa dhaaltummaa, gurgurtaa, idaa fi haala seera qabeessa biroo kaminiyyuu qaama sadaffaatti kan darbe yoo ta'e kireeffataaf barreeffaman turtiin ji'a 6 (jahaa) kennamu qaba.

13. Sababoota Waliigaltee Kiraa Mana Jireenyaa Addaan Kuchiisisan

1) Gatiii kaffaltii kiraa mana jireenyaa waliigaltee irratti taa'e yeroo jalqabaaf guyyaa 15f yoo dabarse, yeroo lammaffaa guyyaa 7 yoo dabarse;
2) Mana jireenyaa kireeffate hayyama kireessaan alatti hojii daldalaa yookiin kaayyoo birootiif kan itti fayyadame yoo ta'ee;
3) Nageenyaa naannoo yookiin ollaa irra deddeebiin kan jeequ yoo ta'e;
4) Mana jireenyaa kireeffate keessatti gocha yakkaa yoo raawwate yookiin manicha gocha yakkaa raawwachuuf yoo itti fayyadame;
5) Itti yaadee yookiin ta'e jedhee mana irratti miidhaa guddaa yoo geessiise;
6) Lafti manni jireenyaa kireessaa irra jiru misoomaaf yoo barbaadame;
7) Bu'uura pilaanii magaalaatiin jijjiirraan iddoo mana jireenyaa yoo taasifame; fi
8) Kireessaan sababa humna oli ta'e yoo isa mudate ragaa dhimmi ilaallatu irraa yoo dhiyeeffate;

12. Bu'aa Waliigalteen Kiraa Mana Jireenyaa Addaan Cituun Hordofsiisu.

1) Waliigalteen erga addaan cite booda haala daballiin kiraa mana jireenyaa raawwatamu alatti nama biraatiif yeroo kireeffamu gatii kiraa mana jireenyaa duraan jiru irratti daballii taasiisuun hin danda'amu.
2) Kireessaan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 darbee daballii gatii kan raawwatu yoo ta'e qaamni to'atu adabbii qarshii qajeelfama kana keessatti taa'een adabuu ni danda'a.
3) Dabalatan iyyata kireeffataa haaraan waliigalteen kiraa manichaa gara gati kiraa duraaniitti akka deebi'uu taasisuu nidanda'a

14. Daballii Gatii Kiraa Manaa

1) Biiroon akkaataa barbaachisummaa isatti waggaatti altokko qorannoo gaggeessuun haala qabatama magaalaa fi dhimmoota biroo walitti dhufeenya qaban irratti hundaa'uun qaamolee dhimmi ilaallatu waliin mar'achuun kiraa mana jireenyaa dabalamu qajeelfaman murteessuu ni danda'a.
2) Keewwata kana Keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame Biiroon hanga daballii kiraa qorannoo taasisan kan murteesse waxabajjii 1(tokko) irraa eegalee uummataaf kan ibsamu ta'a. Daballiin taasifame waxabajjii 30 irraa eegalee hojiirra oola.



Mana Galmee
Oromia Urban Development and Housing Bureau

CamScanner

3) Daballii kiraa manaa akkaataa keewwata kanaan osoo hojiirra hin ooliin dura fooyya'iinsi waliigaltee waajjiratti dhiyaatee galmaa'uu qaba.

15. Jijjiiramoota Galmeerratti Taasifamu Sirreessuu

1) Galmeessaan waliigaltee kiraa mana jireenyaa kireessaa fi kireeffataan raawwatame Biiroon yookii Waajjirri to'annoo taasisuun yookiin eeruu kenname irratti hundaa'e ragaan galmaa'e dogoggora ta'uu isaa yoo mirkaneeffate kireessaa fi kireeffataa akka dhiyaatan taasisuun ragaa ni sirreessa.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatuus, ragaan dogoggorri waliigaltee kireessaa fi kireeffataa irratti yoo ta'e, kireessaa fi kireeffataan bu'uura seera waliigaltee irratti hundaa'anii haaromsa waliigaltee akka raawwatan ni taasisa.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumama akkuma eeggametti ta'ee, waliigalteen raawwatamee dogoggorri argame yeroo barreeffamu yoo ta'e ogeessi galmeessa ragaa sirreeffama ni taasisa.
4) Jijjiirraa maqaa kireessaa fi kireeffataa yookiin hiikkaan gaa'ila yoo jiraate sirreeffamni taasifamu kan danda'u yoo murtiin mana murtii dhiyaate irratti hundaa'uun ta'a.
5) Dogoggorri qubee kamiyyuu ogeessa galmeessa ragaatiin yoo raawwatame, haalduree tokko malee ogeessichaan akka sirreeffamu ni taasifama, gabaasa waajjiraaf akka dhiyeessu ni taasifama.
6) Ogeessi galmeessa waliigaltee bu'uura Keewwata Kan keewwata xiqqaa 5'n sirreeffama taasise kireessaa fi kireeffataa ni kenna, ragaan daataa beeziin galmaa'e akka sirreeffamu ogeessa dhimmi ilaallatuutti kan dabarsu ta'a.
7) Waajjirichi sirreeffamni taasifame sirrii ta'uu ni mirkaneessa.

16. Jajjabeessituu nama mana haaraa kiraaf ijareef Kennamu

1) Kireessaan mana jireenyaa haaraa ijaaree kiraaf yoo dhiyeesse, waliigaltee kiraa manaa jalqaba yeroo galmeessiise irraa eegalee waggoottan afuriif lakka'amaniif gatii fi turtii yeroo labsiin murtaa'e irraa bilisa ta'a.
2) Kireessaan mana jireenyaa haaraa ijaaree kiraaf yoo dhiyeesse, waliigaltee kiraa manaa jalqaba yeroo galmeessiise irraa eegalee waggoottan lamaaf lakka'amaniif gatii fi turtii yeroo labsiin murtaa'e irraa bilisa ta'a.



Mana Galmee
Oromia Urban Development and Housing Bureau

CamScanner

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa(1) fi (2)jalatti tumaman akkuma eeggameetti ta'ee, galmee kiraa manaa ilaalchisee tumaalee labsichaan tumaman fi dirqamootni biroo raawwatiinsa ni qabaatu.

**17. Sirna Qabiinsa ragaa fi Daataa**

1) Ragaan hardii koppii fi sooftii koppiin raawwatamee qaama ilaalu biratti haala walfakkaatuun tartiiba lakkoofsan galmee haadhoo irratti kan qabamu ta'a.
2) Waliigalteewwan, xalayoonni, koppiin waraqaa eenyummaa, sanadoonni kaffaltii kiraa manaa fi sanadoonni biroo hardii koppiin jiran iskaan godhamanii odeeffannoon sooftii koppiin kan qindaa'u ta'a.
3) **Waajjirri Aanaa** ragaa waliigaltee kireessaafi kireeffataa galmaa'e iskaan godhee sooftii koppiin odeeffannoo kutaa magaalaa fi qaama dhimmi ilaaluu ni dabarsa.
4) Nageenya daataa eeguu;
   a) Waliigaltee kiraa mana jireenyaa kireessaafi kireeffataa, Galmee haadhoofi sanadoonni biroo waajjirri dhimmi ilaallatu hardii koppii fi sooftii koppiin argamuu;
   b) Ragaan sooftii koppiidhaan Biiroof ni ergama.
5) Sadarkaa Aanaatti fooyya'iinsi ragaalee irratti yoo taasifame kutaa magaalaa fi Biiroo irrattis ni taasifama.

## Kutaa Sadii

### Aangoofi Gahee Hojii Qaamolee Adda Addaa

**18. Gahee Hojiifi Itti Gaafatamummaa Biiroo**

Aangoofi gaheen hojii seerota biroon kennameef akkuma eeggametti ta'ee Biiroon:

1) Hojiirra oolmaa labsii fi qajeelfama kanaa ni hordofa, ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.
2) Moodeela kiraa mana jireenyaa ni qopheessa; caasaalee mana hojii isaa sadarkaan jiran akka qaqqabau ni taasisa.
3) Unkaalee barbaachisaa ta'an ni qopheessa, ni raabsa, hojiirra oolmaa isaa ni hordofa.
4) Hojimaata kiraa mana jireenyaa teeknooloojiin deeggarame ni diriirsa; ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.



Mana Galmee
Oromia Urban Development and Housing Bureau

5) Haala qabatamaa gatii gabaafi diinagdee naannichaa irratti hundaa'uun tilmaama daballii gatii kiraa mana jireenyaa waggaatti altokko ni murteessa, qaama dhimmi ilaallatu ni qaqqabsisa, raawwii ni hordofa, ni to'ata, tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata. .
6) Labsii fi qajeelfamoota irratti caasaa isaaf leenjii fi hubannoo ni kenna.
7) Eeruu fi komiiwwan dhiyaatan ni fudhata, murtee bulchiinsaa barbaachisaa ni kenna.
8) Dhimmoota to'annoo fi bulchiinsa kiraa mana jireenyaa waliin walqabatan hojiiwwan kanneen biroo ni raawwata.

**19. Aangoofi Gahee hojii Magaalaafi Godinaa**

1) Waliigaltee kiraa mana jireenyaa bu'uura labsii fi qajeelfama kanaan ni galmeessa, ni mirkaneessa, sirreeffama barbaachisaa ni taasisa.
2) Hojimaanni kiraan mana jireenyaa akka hojiirra oolu ni hooggana, ni hordofa, ni to'ata tarkaanfii sirreeffamaa, adabbii bulchiinsa ni fudhata.
3) Ragaalee kiraa mana jireenya qindeessee ni qabata, Biiroof ni dabarsa.
4) Labsii fi qajeelfamoota ilaalchiisee qaamolee dhimmi ilaallatuu fi caasalee isaa sadarkaan jiraniif leenjii fi hubannoo ni kenna.
5) Daangaa aangoo seeraan kennameef keessatti bulchiinsaa fi to'annoo kiraa mana jireenyaa ni raawwata.
6) Ragaa kiraa mana jireenyaa teeknooloojiin deeggarame ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa.
7) Eeruu fi komiiwwan dhiyaatan ni fudhata, murtee bulchiinsaa barbaachisaa ni kenna.

**20. Aangoofi Gahee Hojii Waajjira Mana Qopheessaa, Kutaa Magaalaa ,Aanaa fi Gandaa**

1) Unkaa waliigaltee kiraa mana jireenyaa tajaajilamaa akka dhaqqabamu ni taasisa;
2) Kireessaafi Kireeffataan waliigaltee kiraa mana jireenyaa galmeef dhiyaate ulaagaalee Labsii fi Qajeelfama kana keessatti kaa'aman guutuu galmeessuun ni mirkaneessa.
3) Kireessaa fi kireeffataan waliigaltee kiraa mana jireenyaa galmeef dhiyaate tilmaama gatii daballii Biiroon baaseen ta'uu ni mirkaneessa.
4) Kaffaltiin kiraa mana jireenyaa kamiyyuu karaa baankii yookiin mala kaffaltii elektironiksii seera qabeessa ta'een raawwatamu isaa ni mirkaneessa.
5) Waliigaltee kiraa mana jireenyaa ni galmeessa, ragaalee ni qindeessa, ni eega, qaama ilaallatu ni dabarsa.
6) Sirna kiraa mana jireenyaa teeknolooj iin deeggarame hojiirra ni oolcha.
7) Eeruu fi komiiwwan dhiyaatan ni fudhata, murtee bulchiinsaa barbaachisaa ni kenna.
8) Adabbiiwwan qajeelfama kana keessatti tumame ni raawwachiisa.



CamScanner

9) Labsiifi qajeelfamoota irratti jiraattotaafi qooda fudhattoota hubannoo ni kenna.

## Kutaa Afur

### Dhimmoota Eeruun Irratti dhiyaatu, Maloota Eeruun Ittiin Dhiyaatuu fi To'annoo

**21. Dhimmoota Eeruun irratti dhiyaatu**

1) Dhimmoonni armaan gadii yoo raawwataman eeruun dhiyaachuu ni danda'a.

(a) Waliigaltee malee mana jireenyaa kireessuu;

(b) Kaffaltii kiraa waliigalteen tumamee ol yoo raawwatame;

(c) Kaffaltii seeraan hayyamameen ala gatii dabaluu yookiin kaffaltii dursaa raawwachuu;

(d) Waliigaltee kiraa mana jireenya yeroo seeraan hayyamameen ala addaan kutuu;

(e) Manni jireenyaa ji'a jaha ol tajaajila malee yoo taa'e;

(f) Jajjabeessituun kireessaaf kenname seeraan ala itti fayyadamuuf odeeffannoo fi ragaan sobaa yoo dhiyaate;

(g) Mana jireenyaa kaayyoo waliigalteen ala fayyadamu;

(h) Waliigaltee kiraa mana jireenyaa waliin walqabatee seerri yoo cabe;

2) Keewwata Kana Keewwata Xiqqaa 1(a_h) jalatti gochoonni tumaman raawwachuu namni mirkaneeffate qaama dhimmi ilaallatuuf eeruu kennuu ni danda'a.

3) Eeruu kennaan akkaataa barbaachisummaa dhimmichaatti ragaalee akka dhiyeessuu gaafatamuu ni danda'a.

4) Eeruun dhimmoota Keewwata kana (1(a-h) jalatti tumaman irratti afaaniin, barreeffaman yookiin bilbilaan yookiin tooftaa biroo kamiyyuu dhiyaachuu ni danda'a.

**22. Eeruu Fudhachuu**

1) Qaamni eeruu fudhatu haallonni armaan gadii guutamuu mirkaneeffachuu qabu;

(a) Maqaa fi teessoo eeruu kennaa;

(b) Teessoo mana jireenyaa eeruu irratti dhiyaatee;

(c) Maqaa fi teessoo kireessaa fi kireeffataa;

(d) Guyyaa gochi eeruuf sababa ta'e raawwatame;

(e) Eeruun dhiyaate dhimmoota Keewwata 18 jalatti ibsaman kan hammate ta'uu;

(f) Eeruun yeroo dhiyaatu ijoo dubbii adda baasanii qabachuu;

(g) Ragaan barbaachisaan dhiyaachuu mirkaneeffachuu;

(h) Eeruu dhiyaate galmee haadhoo irratti galmeessuu;



CamScanner

(i) Dhugummaa eeruu qaamolee dhimmi ilaallatu irraa ragaa dabalataa gaafachuun mirkaneeffachuu;

(j) Odeeffannoon dhuunfaa qaama eeruu kennee iccitiin qabamuu;

2) Qaamni to'ataan eeruun bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a-j) fi qajeelfama kana Keewwata 15(1)tiin dhiyaateef kaka'umsa mataa isaatiin to'annoo, hordoffii taasisuu ni danda'a.

3) Ogeessi hordoffii fi to'annoo yeroo hojii mootummaatti waraqaa eenyummaa mana hojii isaa qabachuun taasisuu qaba.

4) Hojiin to'annoo fi hordoffii kan adeemsifamu ogeessa tokko oliin kan gaggeeffamu ta'a.

## 23. Gochoota Dhorkaman

**Mana kiraa mana jireenyaa walqabatee gochoon armaan gadii raawwachuun dhorka;**

1) Waliigaltee kiraa mana jireenya malee kireessuu fi kireeffachuu;
2) Waliigaltee kiraa mana jireenyaa galmeessuu dhiisuu;
3) Waliigaltee kiraa mana jireenyaa sababa harkifannaa kireessaa yookiin kireeffataan daangaa yeroo seeraan taa'e dabarsanii galmeessuu;
4) Haaromsa waliigaltee kiraa mana jireenyaa galmeessuu dhabuu;
5) Akkaataa Labsiin hayyamameen ala daballii gatii kiraa manaa taasisuu;
6) Yeroon turtii waliigaltee osoo xumuramiin mana keessaa baasuu;
7) Ofeeggannoo barreeffamaa osoo hin kennin waliigaltee addaan kutuu;
8) Kaffaltii duraa hanga labsiidhaan tumamee ol kaffalchiisuu;
9) Gatii kaffaltii kiraa mana jireenyaa karaa Baankii fi elektirooniksii seera qabeessa ta'een ala kaffaltii raawwachuu;
10) Mana jireenyaa duraan kireeffamaa ture yookiin mana haarawa ijaarsi isaa xumuramee tajaajila malee akka taa'uu gochuun;
11) Mirga jajjabeessituu kireessaaf kenname irraa fayyadamaa ta'uuf odeeffannoo fi ragaa sobaa dhiyeessuu;
12) Kireessaa fi kireeffataa giddutti dirqiin waliigaltee akka raawwatan taasisuun dhorkaadha.

# Kutaa Shan

## Hundeeffama Koree Komii Keessummeessaa

**24. Hundeeffama Koree**

Koree komii Keessummessu sadarkaa bulchiinsa magaalaa yookiin Kutaa magaalaa, Aanaa Magaalaa yookiin ganda Magaalaatti kan hundeeffamu ta'a.

**25. Baay'ina Miseensota Koree fi Ogummaa**

Baay'inni miseensonni koree Miseensota nama 7(torba) ta'ee, ogummaa garagaraa irraa kantiibaa yookiin hojii gaggeessaan kan filatamu ta'a.

1) Waajjira Kantiibaa yookiin kutaa magaalaa hojii gggeessaan............Walitti qaba.
2) Waajjira Abbaa Alangaa.....................................................................Miseensa
3) Waajjira Mana Qopheessaa................................................................ Barreessaa
4) Waajjira Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii ..........................................Miseensa
5) Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii......................................... Miseensa
6) Bakka Bu'aa Kireessaa (kan hawaasaan bakka buufame)..........................Miseensa
7) Bakka bu'aa Kireeffataa hawaasaan kan bakka bu'e.................................Miseensa

**26. Ulaagaa Filannoo miseensota Koree**

Miseensonni koree ulaagaa armaan gadiitin kan filataman ta'a.

1) Naamusaafi raawwii hojii gaarii kan qabu;
2) Waggottan lamaan darban keessatti yakkaan yookiin badii naamusaan adabamee kan hinbeekne;
3) Magaalaa yookiin kutaa magaalaa keessatti Dhaabbilee mootummaa irraa kan bakka bu'an tajaajila waggaa lamaa ol mana hojii mootummaa keessatti kan qabu;
4) Kireeffataan hawaasa bakka bu'uu danda'u magaalaa yookiin kutaa magaalaa yookiin Aanaa yookiin ganda keessatti waggaa lamaa ol kireeffataa ta'ee jiraataa kan tureefi ammas kireeffataa kan ta'e;
5) Kireessaan hawaasaan bakka bu'u magaalichaa yookiin kutaa magaalaa yookiin Aanaa yookiin ganda keessa waggaa lamaa ol mana jireenyaa kireessaa kan tureefi ammas kireessaa kan jiru;

**27. Qajeeltowwan Naamusa Miseensota koree**

1) Qajeeltowwan Naamusaa koree:-
   a) Loogii irraa bilisa ta'uu;
   b) Odeeffannoo iccitii eeguu;



CamScanner

c) Waldhabdee faayidaa fi dantaa irraa bilisa ta'uu;

d) Itti gaafatamummaa amanamummaa fi qajeeltummaan raawwachuu;

2) Miseensi koree tokko waldhabdeen faayidaa fi dantaa akka jiru yoo mirkaneeffate dura taa'aa beeksisee dhimmicha ilaaluu irraa of qusachuu qaba.

3) Miseensi koree qajeeltoowwan naamusaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a-d) jalatti tumame keessaa tokko yoo cabse miseensummaarraa kaafamee miseensa biraatiin kan bakka buufamu ta'a.

**28. Bara Hojii Miseensota Koree**

1) Barri hojii miseensota koree waggaa lama ta'a.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaan 1jalatti kan tumame jiraatus, miseensi koree tokko barri hojii isaa erga xumuramee booda, irradeebiin filatamuu ni danda'a.

3) Miseensi koree tokko marsaa lamaa ol filatamuu hin danda'u.

**29. Walgahii Koree**

1) Koreen torbanitti altokko walgahee iyyannoo ni fudhata, ni ilaala.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, koreen dhimmi murteessan yoo mudate walgahuu ni danda'a.

3) Miseensi caalmaan walgahiirratti yoo argaman walgahiin adeemsifamu ni danda'a.

4) Murtiiwwan koreen kennaman sagalee caalmaa ta'a.

5) Sagaleen walqixa yoo ta'e yaada garee walitti qabaan deeggare murtii koree ta'a.

6) Miseensi koree garaagarummaa yaadaa yoo qabaate kan galmaa'uuf ta'a.

**30. Bakka Walgahii Koree Komiifi Loojistikii**

1) Waajjira Kantiibaa yookiin Hojii Gaggeessaa Aanaa yookiin Kutaa Magaalaa yookiin Gandaa jalatti koree komiidhaaf waajjirri walga'iifi loojistikii ni qopheessa, akka qophaa'u ni taasisa.

2) Kantiibaan Magaalaa yookiin hojii gaggeessaan kutaa magaalaa koree komii dhaggeeffataa Aanaatiif komii qindeessan ragaa tokko akka ramadamu ni taasisa.

**31. Gahee Hojii Qindeessaa Ragaa Koree Komii Dhaggeeffataa**

1) Qindeessan ragaa koree komii dhaggeeffataa guyyaa hojii yeroon waajjiratti argamuun deeggarsa hojii koreef ni taasisa.

2) Qindeessan ragaa akkaataa barbaachisummaa isaatti iyyannoo fudhate tartiiba qabsiisuun walitti qabaa koreedhaaf ni dhiyeessa.

3) Odeeffannoowwan barbaachisoo hojii koree waliin walqabatan ni qindeessa, ni eega.



Oromia Urban Development and Housing Bureau
Mana Galmee

CamScanner

**32. Dhiyeessii Komiifi Murtii**

Koreen:-

1) Komii dhiyaatu koppii lamaan ni fudhatee, fudhachuu mallattoon mirkaneessee qaama komii dhiyeeffate ni kenna.
2) Qaamni to'atu deebii akka itti kennuuf komii dhiyaate beellama kennuun koppiisaa waamicha waliin walqabsiisee ni erga.
3) Murtee kennuudhaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame qaama kamiyyuu ragaa gaafachuu ni danda'a.
4) Iyyannoowwaniifi ragaalee dhiyaatan qoratee murtii ni kenna; murtii kenname barreeffamaan ni beeksisa.

## Kutaa Jaha

## Adabbiiwwan Bulchiinsaa

**33. Adabbii Bulchiinsaa**

1) Kireessaan yookiin Kireeffataan akkaataa qaamni to'ataan tajaajila kennuun ala daangaa Labsiin taa'e erga xumuramee booda ji'a sadii ol dabarsee yoo waliigaltee galmeessise; kiraa manaa waliigaltee hin galmoofne kan ji'a tokko ni kaffalu.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, harkifannaan galmee ji'a sadii ol yoo ta'e, kiraa mana waliigaltee irra jiru kan ji'a lamaa adabbii ni kaffala.
3) Kireessaa fi kireeffataan waliigaltee kiraa mana jireenyaa osoo hin galmeessis ji'a afur ol yoo ta'e, gatii waliigaltee hin galmoofne irratti ibsame kan ji'a sadii adabbii maallaqaa ni kaffala.
4) Kireessaa yookiin kireeffataan haaromsa waliigaltee kiraa mana ireenyaa irratti taasifame kan hin galmeessine yoo ta'e, gatii kiraa mana jireenyaa kan ji'a tokko adabbii maallaqaa ni kaffala.
5) Kireessaan daballii gatii kiraa mana jireenyaa labsiin hayyamameen alatti daballii yoo taasise gatii kiraa manaa waliigaltee irratti tumame kan ji'a lamaa maallaqaan ni adabama.



Oromia Urban Development and Housing Bureau — Mana Galmee (stamp)
CamScanner

6) Qaamni osoo of eeggannoo hin kenniin waliigaltee addaan kute adabbii maallaqaa ji'a lamaa gatii kiraa mana jireenyaa galmaa'e kan kaffalu ta'ee kireeffataan hanga turtiin waliigaltee xumuramitti mirga keessa jiraachuu qaba.

7) Kireessaan yookiin Kireeffatan kaffaltii kiraa mana jireenyaa baankii yookiin karaa elektironiksii seera qabeessa ta'een raawwachuu yoo baate, kaffaltii waliigaltee kiraa mana jireenyaa irratti tumame kan ji'a tokkoo %10 adabbii maallaqaa ni kaffala.

8) Kireessaan mana jireenyaa kireeffamaa ture yookiin mana jireenyaa haaraa ijaarsi xumurame tajaajila malee yoo teesise;

(a) Waggaa 1 hanga 2 % 2 adabbiin kaffaltii gibira qabeenyaa irratti shallagame daballiin akka kaffalaan ni taasifama.

(b) Waggaa 2 hanga waggaa 3(sadii) %5 adabbiin kaffaltii gibira qabeenyaa irratti shallagame dabaliin akka kaffalaan ni taasifama.

(c) Waggaa 3 hanga waggaa 4(Afurii) % 10 adabbiin kaffaltii gibira qabeenyaa irratti shallagame daballiin akka kaffalaan ni taasifama.

(d) Waggaa 4 hanga waggaa 5(shanii) % 15 adabbiin kaffaltii gibira qabeenyaa irratti shallagame daballiin akka kaffalaan ni taasifama.

(e) Waggaa 5 ol %20 kaffaltii gibira qabeenyaa irratti akka adabbiitti dabaliin akka kaffalaan kan taasifamu ta'a.

9) Keewwata kana keewwata xiqqaa 8(a-e) jalatti tumaman qaamni to'ataan odeeffannoo qulqulleessuun qaama raawwachiisaatti erguun akka adabbiin kaffaltii raawwatamu ni taasisa.

10) Qaami to'ataan Mana Murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo qabuutti adabbii dhala waliin akka kaffalu himata banuu nidanda'a.

## Kutaa Torba

## Tumaalee Adda Addaa

### 34. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Namni kamiyyuu hojiirra oolmaa qajeelfama kanaaf deeggarsa barbaachisaa kennuu qaba.



Mana Galmee
Oromia Urban Development and Housing Bureau

CamScanner

**35. Itti gaafatamummaa**

Qaamni kamiyyuu tumaalee qajeelfama kana keessatti ibsaman darbee yoo argame adabbii bulchiinsaa akkuma eeggametti ta'ee seerota biroo rogummaa qabaniin kan gaafatamu ta'a.

**36. Aangoo Qajeelfama Fooyyeessuu**

Biiroo akkaataa barbaachisummaa isatti qajeelfama kana fooyyeessuu ni danda'a.

**37. Seerota Raawwatiinsa Hinqabaanne**

Qajeelfamni yookiin baarmaatiileen dhimmoota qajeelfama kana keessatti hammatamaniin walfaallessan kamiyyuu raawwatiinsa hinqabaatan.

**38. Yeroo Hojiirra Oolmaa Qajeelfamichaa**

Qajeelfamni Kun Hagayya 1/2016 irraa eegalee hojiirra Kan oolu ta'a.

Oromiyaa/Finfinnee/Guyyaa 01/12 /2016

Muhaammad Guyyee Araarsoo
Hogganaa Biiroo Misoomaa
Magaalaa fi Manneenii
Oromiyaa

Mohammad Guyyee Araarsoo

Hoogganaa Biiroo Misooma Magaalaafi Manneen Oromiyaa

Suuraa Kireessaa

Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa
Oromia Urban Development and Housing Bureau

Suuraa Kireeffataa

---

Duuka Deemtuu

Unkaa -01

Guyyaa__________

Guca Waliigaltee Kiraa Mana Jireenyaa

1) Kireessaa

Maqaa Guutuu: …………………………………………………………………………..

Bakka Jireenyaa/Teessoo:-

Naannoo…………………Magaalaa………………………Kutaa Magaalaa……….........AanaaMagaalaa…………………………Ganda……………… ………………….....Bakka.Addaa……………………Lakk.Manaa…………………Lakk Bilbilaa…………………………

2) Kireeffataa

Maqaa Guutuu……………………………………………………

BakkaJireenyaa/Teessoo: Naannoo……………………Magaalaa…………………………Kutaa Magaalaa……………………Aanaa.Magaalaa………………..Ganda………………… …BakkaAddaa………………Lakk.Manaa……….Lakk.Bilbilaa………..

3) Teessoo Mana jireenyaa Kireeffamuu

Naannoo…………………Magaalaa…………………..KutaaMagaalaa ……………………AanaaMagaalaa……………………Ganda……………………Bakka Addaa…………………………Lakk.Manaa………Lakk.Bilbilaa……………………..Abba a qabeenyummaa isaa kan obbo/Adde/……………………… ………………….. kan ta'eefi kiraa mana jireenyaa tajaajila…………………kan oolu…………………………Mooraa mataa isaa kan qabu.

---



CamScanner

4) **Akaakuu Kiraa Mana Jireenyaa**

a) Haala mana kiraa: ……………………………………(Mana kiraa jiru, haaraa mana kiraa ijaarame, Mana kiraa jiru kan kireeffamee hin beekne)

b) Kireessaan mana jireenyaa Keewwata 2 jalatti ibsame Qarshii………………… (……………………) kireeffataaf waggaa……………………….. jechuun guyyaa…../……./20…hanga Guyyaaa……/…../20….. A.L.I Kireeffataan mana jireenyaa kireessaa irraa kireeffatuuf keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti qarshii (Qr.) ibsame irratti waliigaluun waliigaltee raawwataniiru. Haata'u malee, yeroo waliigalteen kiraa mana jireenyaa waggaa lama caaluu hinqabu.

c) Waliigalteen kiraa mana jireenyaa waliigaltee kireessaa fi kireeffataatiin yeroon waliigaltee osoo hin xumuramiin haaromuu ni danda'a.

d) Tajaajilli kaffaltii bishaanii, bilbilaa, ibsaa, eegumsaa, qulqullinaa fi kanneen biroo …… ta'a. /Kireeffataa yookiin Kireessaan yookiin Kireesssaa fi Kireeffataan waliin).

5) **Dirqamoota Kireessaa**

a) Kireessaan gatii kiraa mana jireenyaa waliigalteen taa'e dabaluu kan danda'u bu'uura Labsii 1320/2016tiin qaamni to'ataan waggaa waggaan fooyya'iinsa taasisu irratti hundaa'ee dabaluu qaba.

b) Kireesssan kiraa mana jireenyaa karaa baankii fi maloota elektirooniksii seera qabeessa ta'een qofa fudhatu qaba.

c) Kireessaan fooyya'iinsa qaamni to'ataan taasiseen irratti hundaa'uun daballii gatii kiraa manaa kan raawwate yoo ta'e qaama to'ataafi kireeffataa barreeffaman beeksisuu qaba.

6) **Dirqamoota Kireeffataa**

a) Kiraa mana jireenyaa……………….ji'a tokko yookiin lamaa Qarshii …………(……………………………….) kaffaltii duraa guyyaa kireeffate san raawwachuu qaba.

b) Sirni kaffaltiin kiraa mana jireenyaa erga kaffaltiin duraa raawwatamee booda ji'a ji'aan kan kaffalamu ta'ee, jiini seenee hanga….. guyyaa…….tti raawwachuu/kaffaluuf waliigalaniiru.

c) Kireessaan kiraa mana jireenyaa karaa baankii fi maloota elektirooniksii seera qabeessa ta'een qofa kaffaluu qaba

d) Kireeffataan bu'uura labsii to'annoo fi bulchiinsa kiraa manaa lakk.1320/2016tiin fooyya'iinsa gatii kiraa mana jireenyaa qaama to'ataan murteesse ka'umsa taasifachuun kireessan gatii dabalee gatii kiraa waliigaltee irratti taa'eetti dabalee nikaffala.



CamScanner

e) Kireeffataan osoo yeroon waliigaltee hinxumuramiin mana jireenyaa gadi lakkisuu yoo barbaade kireessaaf dursee ofeeggannoo ji'a lamaa kennuuf qaba.

f) Kireeffataan mana jireenyaa kireeffate yoo waliigalteen addaan cite kireessaaf dabarsuu dirqama qaba.

g) Kireeffataan kiraa mana jireenyaa karaa baankii fi maloota elektirooniksii seera qabeessa ta'een kaffaluu qaba.

h) Dhimmoonni waliigaltee kiraa mana jireenyaa kanaan hin haguugamne irratti Labsiin Lakk.1320/16 raawwatiinsa ni qabaata.

7) Waliigalteen kun gaafa kireessaafi kireeffataan mallatteessan irraa eegalee kan oolu ta'a.

| <u>Kireessaa</u> | <u>Kireeffataa</u> |
|---|---|
| Maqaa...................... | Maqaa ......................... |
| Mallattoo ................. | Mallattoo ........................... |
| Guyyaa..................... | Guyyaa............................ |

<u>Maqaa Ragootaafi Mallattoo</u>

1) Maqaa ......................................Mallattoo ........... .Guyyaa ..............
2) Maqaa................................... .Mallattoo.....................Guyyaa..........
3) Maqaaa............................... Mallattoo ................ .Guyyaa...........



CamScanner

Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa
Oromia Urban Development and Housing Bureau

Unka- 02
Guyyaa__________

## Unka Galmee Haadhoo

Naannoo ……………………Godina/Aanaa……………. Magaalaa/kutaa magaalaa………………… unkaa / galmee haadhoo/Waligaltee kiraa mana jireenyaa kan ittiin galmaa'u

| T.lakk | Maqaa guutu kireessaa | Koornayaa | Lakk. Bilbilaa | Maqaa guutuu kireeffataa | Koornayaa | Lakk. Bilbilaa | ganda manni itti argamu | Lakk. mana | Maqaa guutu abbaa manichaa | Gosa manaafi Baay'ina kutaa kireeffamu | | | | Bara waliigaltee kiraa | | Gatii kiraa ji'aa Qarshiin | Guyyaa fi lakk. Waliigaltee | Mallattoo | | Ibsa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | | | | Abba kutaa | kan duraan kireeffamu | Haaraa | kan duraan jiru kireefame kan hin | Guyyaa fi Bara kiraaniti | Baraa fi Guyyaa kiraan itti xumuuramu | | | kiressaa | kireeffataa | |
| 1 | | | | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 2 | | | | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 3 | | | | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 4 | | | | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 5 | | | | | | | | | | | | | | | | | | | | |



CamScanner